Namoota keessatti wanti lama kufrii dha: hidda dhalootaa arrabsuu fi warra du’an irratti iyyanii boo’uu

Abuu Hureyraa irraa odeeffamee -Rabbiin isa irraa haa jaallatu- akkana jedhe: Ergamaan Rabbii -nagaa fi rahmanni isaan irratti haa jiraatu- akkana jedhan: «Namoota keessatti wanti lama kufrii dha: hidda dhalootaa arrabsuu fi warra du’an irratti iyyanii boo’uu».
[sirrii] [Muslimtu gabaase]

Nabiyyiin -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatuu- amaloota lama kan namoota keessatti argaman, kan kan gochoota kaafirootaa fi dalagaa warra wallaaltotaa irraa ta'an himan, isaanis: Inni jalqabaa: hidda dhaloota namootaa arrabsuu, isaan akka waan hir'ina qabanitti isaan ilaaluu fi isaan irratti of tuuluudha. Inni lammaffaa: yeroo balaan tokko nama mudate hiree san irratti aarii irraa kan ka’een sagalee ol kaasuudha, ykn abdii kutuu irraa kan ka’een uffata ofii cicciruudha.

http://sunnah.global/hadeeth/om/show/6361